# Rozelaa

**Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan dhugaa kun isiniif kennamee jira:**

- ☐ **Sababni isaas isin ykn daa'imni keessan rozelaaf saaxilamtanittu ta'uu danda'a.**
- ☐ **Dhimma odeeffannoo qofaaf.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee Rozelaa

### Rozelaan maalidha?

- Rozelaan dhukkuba ijoollummaa salphaa human herpes virus 6 (HHV-6, vaayirasii herpesi namaa 6) ykn herpes HHV-7 irraa dhufudha.
- Baayyee baramaadha. Ijoolleen baay'een isaanii yeroo oolmaa daa'immanii seenanitti dhukkuba rozelaan qabamaniiru.

### Eenyuutu qabamuu danda'a?

- Namni kamiyyuu rozelaadhan qabamuu danda'a, garuu daa'imman umuriin isaanii ji'a 6 hanga 24 gidduu jiran irratti baay'inaan mul'ata.

### Mallattooleen dhukkuba kanaa maali?

- Ho'a qaamaa olaanaa (tempireechara 103ºF [39.4ºC] fi isaa ol) kan guyyaa 3 hanga 7 turu.
- Ho'inni erga darbe booda, shiifitaa diimaa mul'atu. Shiifitaa kun dugdaa fi garaa irraa eegala sana booda gara fuula, harkaa fi miilaatti babal'ata. Shiifitaan kun sa'aatii hanga guyyootaatti turuu danda'a.
- Daa'imman baay'een rozelaa qaban mallattoo hin qabaatan.

### Akkamitti babal'ata?

- Vaayirasiin rozelaa fidu copha qufaa, haxxiffannaa, hancufaafi dhangal'aa funyaanii irraa dhufu keessatti argamuu danda'a.
- Namni rozelaa qabu yeroo qufa'u ykn haxxiffatu fi copha namni kan biraan hafuura baafatuun babal'achuu danda'a.
- Akkasumas kan armaan gadiitin babal'achuu danda'a:
  - meeshaa ykn lafa vaayirasicha irra jiru tuquun booda harka hin dhiqamin ija, hidhii ykn afaan tuttuquu.
  - meeshaa ykn kubbayyaa nama rozelaa qabu waliin qooddachuu.
- Namni tokko erga rozelaan qabamee booda vaayirasichi umurii isaa guutuu qaama isaa keessa tura. Irra caalaa daa'immanitti kan daddarbu karaa hancufa ga'eessota mallattoo hin qabneetiini.

---

## Daa'imni Koo Rozelaan Qabamuu Akkamittan Beeka?

- Ogeessi eegumsa fayyaa shiifitaadhaan rozelaa adda baasuu danda'a.
- Yeroo tokko tokko ogeessi fayyaa qorannoo dhiigaa ajajuun farra qaama vaayirasichaa jiraachuu isaa sakatta'uu danda'a.

Public Health
Seattle & King County

**Yoo gaaffiilee dabalataa qabaattan ykn daa'imni keessan rozelaadhan qabamuu mala/malti jettanii yaaddoftan, ogeessa fayyaa keessan qunnamaa. Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Daa'imni Koo Rozelaa Yoo qabaate/tte Maalan godha?

**Yoo daa'imni keessan rozelaa qabaate/tte hatattamaan ogeessa kunuunsa daa'ima keessanii ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

### Akkamitti yaalama?

- Rozelaan yeroo baay'ee dhukkuba salphaa ofuma isaatiin fooyya'uudha.
- Ijoolleef haala mijaata qopheessuu, akka boqotan heyyamuu, dheebuu ittisuuf dhangala'oo baay'ee
  akka dhugan yeroo yeroodhaan hordofuu.
- Daa'imman ji'a 3 fi isaa gadi ta'anii fi ho'i qaamaa 100.4ºF(38ºC) fi isaa ol ta'e ogeessa fayyaa isaaniitiin ilaalamuu qabu.
- Mallattoolee daa'ima keessanii ilaalchisee yaaddoo yoo qabaattan ogeessa fayyaa daa'ima keessanii wajjin haasa'aa. Yoo daa'imni keessan mallattoolee dheebuu agarsiisaa jiraate/tte (daayiperii jiidhaa xiqqaa ta'e ykn fincaan yeroo biraa caalaa xiqqaa ta'e, dadhabbii kan idilee caalaa alaa, joonja'uu, arrabni ykn hidhiin isaan goguu, imimmaan xiqqaa ta'e), saffisaan hafuura baafachuu yoo jiraate, hafuura baafachuu irratti rakkina yoo qabaate, ykn mataa dhukkubbi cimaa yoo yoo qabaatan hatattamaan ogeessa fayyaatiin ilaalamuu qabu.

### Rozelaa akka hin babal'anne akkamittan gargaaruu danda'a?

- Yeroo dhukkubsattan mana turaa.
- Haxxiffannaa, qufa'uu ykn funyaan haxaa'uu booda, yeroo mara harka dhiqachuu.
- Yeroo qufaan ykn haxxifattan funyanii fi afaan keessan haguuggadhaa.
- Ija, afaan ykn funyaan keessan tuquu dhiisaa.
- Nama rozelaa qabu kamiyyuu waliin kubbayyaa, meeshaalee nyaataa, nyaataa fi dhugaatii qooddachuu irraa of qusachuu.
- Meeshaalee taphaa fi meeshaalee biroo ijoolleen afaan isaanii keessa kaa'an bishaanii fi saamunaadhaan sirriitti qulqulleessaa.
- Golgee manaa qulqulleessaa.

---

## Daa'imni Koo Kunuunsa Daa'immanii Irraa Mana Turuu Ni Barbaachisaa?

**Lakki.** Ijoolleen rozelaaf saaxilaman, ykn dhukkubni isaanii adda baafame kunuunsa daa'immanii hordofuu danda'u **yoo:**

- Mallattoolee biroo waliin ho'a qaamaa (tempireechara 100.4ºF [38ºC]] fi isaa ol) qabu ta'e.
- Sochiiwwan daree keessatti hirmaachuuf miira gaarii hin qaban ta'e(fakkeenyaaf: dadhabbiin isaanii haala hin baratamneen; jeeqamuu ykn goolamuu; ykn yeroo idilee caalaa boo'uu ta'e).

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa'ima keessanii hordofaa.**

---

### Wabiiwwan

American Academy of Pediatrics (Akkaadaamii Daa'immanii Ameerikaa)

- Caring for our Children, Chapter 3 Health Promotion and Protection, 3.6 Management of Illness, 3.6.1 Inclusion/Exclusion Due to Illness
- Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 6th Edition. Pages 163-164